Prayer for Freedom from the Dhimma

Zimmaa Irraa Walaba Ba'uuf Kadhannaa Taasifamu

Yaa Abbaa, sodaachuu akkan hin qabne dubbii natti himte nan fudhadha. Ani ilma/intala jaalala keetiti. Ajajawwan Islaamaa Muhaammadiin barsiisaman hunda nan balaaleffadha. 'Allaah isa Qur'aana keessatti ibsameef' buluu kamiyyuu nan gana. Waaqa Gooftaa keenya Yesus Kiristoos qofa waaqeffachuu koo nan labsa.

Abbootin keenya seera zimmaatin buluudhan cubbuu raawwataniif qalbii ni jijjiirranna. Cubbuu isaanifiitis dhiifama si gaafanna.

Ajajawwan Islaamatiin buluuf waadawwan anaanis ta'ee abboota kootin seenname hunda nan gana.

Zimmaa fi ajaja isaa hunda nan balaaleffadha. Yeroo kafaltii hiziyaa aggaammii billaadhan morma namaa irratti taasifamuu fi wanta inni bakka bu'u hunda nan gana. Keessumattuu abaarsa morma kutaa fi du'aa sirna Kanaan agarsiifamu hunda nan gana.

Waadaan zimmaa fannoo Kiristoos irratti fannifamuu isaa nan labsa. Zimmaan bakkee irratti waan salphateef anaratti aangoos ta'ee humna hin qabu. Ajajoonni hafuuraa waadaa zimmaa fannoo Kiristoosin saaxilamanii, hidhaa hiikkatanii, injifatamanii fi salphatanii jiru.

Hoqubaa sobaa islaamummaadhaf kennamu nan gana.

Miira yakkamuu kan sobaa nan gana.

Gowwoomsaa fi soba nan gana.

Amantaan ani Kiristoos irratti qabu ilaalchisee callisuudhaf walii galtee seenname hunda nan gana.

Waa'ee zimmaa yookin waa'ee Islaamaa cal akkan jedhu walii galtee seenname hunda nan gana.

Nan dubbadha, cal hin jedhu.

'dhugaan akka walaba na baasu' nan labsa (Yoh. 8:32), Yeesus Kiristoosin nama bilisaa ta'ee nan jiraadha.

Maqaa Islaamatiin abaarsa anaa fi maatii koo irratti dubbatame hunda nan gana, nan cabsas. Abaarsa abbootii koo irratti dubbatame nan gana, nan cabsas.

Keessumattuu abaarsa du'aa nan cabsa. Yaa du'a, ana irratti humna hin qabdu!

Abaarsonni kun ana irratti humna akka hin qabne nan labsa.

Eebbi Kiristoos dhaala koo ta'uu nan labsa.

Cunqurfamuu nan gana. Kiristoosin ija jabeessa ta'uu filadheen jira.

Meeshaa namootaa ta'uu fi too'annaa isaanii jala ooluu nan gana.

Miidhaa nama irraan gahuu fi gooli kaastummaa nan gana.

Sodaa nan gana. Sodaa namootaan fudhatama dhabuu nan gana. Sodaa qabeenya koo dhabuu nan gana. Soda hiyyummaa nan gana. Sodaa gabrummaa nan gana. Sodaa humnaan gudeeddamuu nan gana. Sodaa qofaatti hafuu nan gana. Sodaa maatii koo dhabuu nan gana. Sodaa ajjeeffamuu fi kan du'aa nan gana.

Islaamummaa sodaachuu nan gana. Musliimota sodaachuu nan gana.

Siyaasaa yookin hojii hawaasaa keessatti hirmaachuudhaaf sodaan qabu nan gana.

Yesus Kiristoos Gooftaa hundaa ta'uu isaa nan labsa.

Yesus Gooftaa jireenya koo hundaa godhadhee nan fudhadha. Yesus Kiristoos Gooftaa mana kootiti. Yesus Kiristoos Gooftaa magaalaa kootiti. Yesus Kiristoos Gooftaa biyya kootiti. Yesus Kiristoos Gooftaa namoota hundaafi lafa kanaati. Yesus Kiristoos Gooftaa koo godhadhee nan bitamaaf.

Salphina nan gana. Kiristoos na fudhachuu isaa nan labsa. Isaa fi Isa qofa nan tajaajila.

Salphina nan gana. Karaa fannootin cubbuu hunda irraa qullaa'uu koo nan labsa. Salphinni anarratti aangoo hin qabu, Kiristoos waliin ulfinaan nan moo'a.

Yaa Gooftaa, anii fi abbootin koo Musliimota jibbuu keenyaf dhiifama nuuf godhi. Musliimotaa fi namoota biroo jibbuu nan gana, jaalala Kiristoos Musliimotaa fi namoota lafa kana irra jiran hundaaf nan labsa.

Cubbuu Waldaa Kiristiyaanaa fi gaggeessitoonni waldaa karaa sirrii hin taanen harka kennuudhan raawwataniif dhiifama nan gaafadha.

Adda foo'amuu nan gana. Karaa Kiristoosin Waaqayyo biratti fudhatama argachuu koo nan labsa. Waaqayyotti araarameen jira. Teessoo Waaqayyoo fulduratti humni na yakkuu danda'u samiirrattisa ardiirrattis hin jiru.

Galata koo Waaqa Abbaa keenyaf, Yesus Fayyisaa koo Isa qofaatif akkasumas Hafuura Qulqulluu Isa qofaa isaa jireenya naaf kennuuf nan dhiyeessa.

Yesus Kiristoos Gooftaa ta'uu Isaa ragaa jiraataa nan ta'aaf. Fannoo Isaatti hin saalfadhu. Du'aa ka'uu Isaatti hin saalfadhu.

Mucaa Waaqayyo Waaqa Abrahaam, Yishaaqi fi Yaa'iqoob Isa Jiraataa ta'uu koo nan labsa.

Injifannoo Waaqayyoo fi Masihicha Isaa nan labsa. Yesus Kiristoos Gooftaa ta'uu Isaa Arrabni hundi ulfina Waaqayyootif akka labsuu fi jilbi hundi akka jilbiinfatu nan labsa.

Musliimonni seera zimmummaa keessatti hirmaachuu isaanitiif dhiifama nan taasisaaf.

Yaa Waaqayyo Abbaa, maaloo zimmaa irraa, hafuura zimmaa irraa akkasumas ajaja qulqulluu hin taane kan zimmaa waliin wal qabate kam irraa iyyuu bilisa na baasi.

Amma akka Hafuura Qulqulluudhan na guuttu fi eebba Mootummaa Yesus Kiristoosin hundaan akka na guuttu sin kadhadha. Dhugaa sagalee Kee hunda akkan hubadhuu fi jireenya koo hunda irratti akkan hojii irra oolchu ayyaana kee naaf kenni. Sagalee jireenya fi kan abdii naaf kenni, akka naaf kennitu abdii naaf galteettaawoo, namoota birootti aangoodhan akkan dubbachuu danda'u afaan koo maqaa Yesusin eebbisi. Kiristoosif raga amanamaa akkan ta'u ija jabina naaf kenni. Musliimota akkan jaalladhu jaalala dhugaa naaf kenni, jaalala Kiristoosis akkan itti Mul'isu onnee dheebotu naaf kenni.

Wantoota kana hunda Maqaa Yesus Kiristoos Fayyisaa kootin nan labsa, nan gaafadhas. Ameen.